

Dhiyeessa Meeshaalee Barnootaa Biyyooleessaa waa'ee Dhaqna qabaa dubartootaa Hubaachiisuuf

Dhiyeessan meeshaalee barnootaa waa'ee dhaqna qabaa dubartootaa hubaachiisuuf dhiyaate kun hamilata (piroojektii) gargaarsa maallaqaa Mootummaa commonwealth irra argameen Giddu-galeessa Fayyaa Dubartoota Aad-danuu dhaan gaggeeffamuu dha. Yaadni hamilata (piroojeektii) kanaa qaamota hawaasaa dhimmi kun ilaalu keessatti tumsa barbaachisu fooyyessuu fi waa'ee dhaqna qabaa dubartootaailaalchisee hubannoo ol kaasuuf yaadamee ti. Odeeffannoo dabalataaf www.FGMinAustralia.com.au ilaali yokan Twitter@EndFGM_NETFA irratti nu hordofi.



The Multicultural Centre for Women's Health

The Multicultural Centre for Women's Health (MCWH) (Giddu-galeessi Fayyaa Dubartoota Aad-danuu) hawaasa hundee kan godhate dhaaba biyyoolessaa kan fayyaa fi badhaadhinadubartoota kolu-galtummaa fi baqatummaadhaan dhufan karaa hogganummaa, barmootaa fi iyyachuufiittin(mirgaaf falmachuutiin jabeessuuf kan hojjetuudha. Dhimma itti bahiinsa kanaa baruuf:

www.mcwh.com.au

yokan bilbila tolaa 1800 656 421 irratti nuuf bilbili.

Hamilatni NETFA Multilingual Centre for Women's Health kan gageessamu fi Mootummaa Commonwealth maallaqaan kan tumsamuu dha. Odeeffannoo dabalataaf www.netfa.com.au ilaali yokan Twitter @EndFGN_NETFA irratti nu hordofi.



Tajaajila fi Deggersaa dubartootaa fi shamarran dhaqna qabamanii

Barreeffamni gabaabaan kun dubartootaa fi shamarran qaamni hormaataa irraa muramee (kittannamanii) fi tumsa barbaadaniif akka qajeelfamatti gargaara.

Ddhaqna qabaa dubartootaa kittaannaa aadaa

Dhaqna qabaan dubartoota barmaatilee aadaa kan qaama hormaata dhalaa irratti jijjiirama fiduu dha. Yeroo tokko tokko kan akkasii kun “Sunnah”, qaama dhalaa muruu, Aadaadhaan Muruu/ kittaannaa aadaa yokan qaama Ddhalaa hodhuu/ muruu (FGM/C) jedhama.

Gosi dhaqna qabaan dubartoota kamiyyuu faayidaa fayyaa kan hin qabnee fi akka idil-addunyaatiis dhiittaa mirga namoomaa akka tahetti fudhatama.

Waa’ee qaama kee, fayyaa fi egerree kee ilaalchisee odeeffannoo si barbaachisu argachuuf mirga ni qabda. Kunis yoom, eenyu waliin fi yoo wal-qunnamtii saalaa godhuu fedhta tahe akkasumaas ijoollee godhachuu ni feedhta kee kan dabalatuudha. Barreeffamni gabaabaan kun waa’ee fayyaa kee irratti mirga kee fi tajaajila gargaarsaa Australia keessa jiran waliin kan wal si qunnamsiisuu dha.

Rakkoolee fayyaa dhaqna qabaan dubartootaa dhaqqabsiisu

Dubartootni fi shamarran muraasni yeroo gabaabaa fi dheeraa keessatti rakkoo fayyaa kan qaamaa fi sammuu kanaa gadiitiin miidhamuu malu:

Yeroo Dheeraa

- Godaannisa
- Dhiitawuu/madaawinsa
- Dhukkubbii ogguu daraaraa baatii yokan ogguu qunnamtii saalaa
- Rakkoo yeroo ijoollee godhachuu, kan akka afaan qaama saalaa walitti hodhamuu irraa kan ka’e baqaquu fi madaawuu

Yeroo Gabaabaa

- Dhukkubbii argachuu Afuuffee fi ujummoo fincaanii
- Miira dhukkubbii yeroo fincaa’an
- Dhukkubbii jabaa
- Qaam-gubaa
- Dhiiguu

Fayyaa Sammuu

- Daafurummaa (Depression)/ of-jibbuu
- Muddama qalbii balaadhaan-booda (Post-traumatic stress)

Dubartootni fi shamarran muraasni garuu rakkoo fayyaa qabachuu dhiisu ni malu. Garuu yoo mallattooleen kanaa olii kan sirratti muldhatan tahe dokotora ogeessa fayyaa yokaan dhabbatafayyaa naannoo kee fuula 4 & 5 armaan gadiitti ibsamanqunnamuu dandeessa.

Mirga Fayyaa Gaarii Argachuu

Charterri Mirga Kunuunsa fayyaa Australia dhukkubsatootni fi kan Sirna /eegumsa Fayyaa Australia dhimma itti bahan hundi mirga isaan qaban ni ibsa. Yeroo sirna fayyaa kanatti dhimma baatu mirgoota kee beekuun barbaachisaa dha.

Mirga itti ni qabda:

- Murtii kee kennachuuf odeeffata fayyaa **Argachuuf**. Afaanota baay’eedhaan odeeffannoo fayyaa tola argachuu dandeessa. Tajaajila gargarsaa naannoo kee (fuula 4 & 5) jiru qunnamii yokan Kuusa Afaan danuu (Multilingual Library) www.mcwh.com.au ilaali yokan 1800 656 421 bilbili.
- Kunuunsa fayyaa **qulqulluu** fi sadarkaa isaa eegate argachuuf .
- Kunuunsa namummaa kee, aadaa kee, amantii fi eenyuummaa kee **kabaju** argachuuf
- Tajaajiloota jiran, wal’aansa, filmaataa fi baasii si irraa eegamu beekuuf, **qunnamtii (communication)** ifaa tahe argachuuf. Afaan hiika yoo barbaadde doktorri, nersii yokan hojjetootni fayyaa kan biroon akka beekan taasisi. Yoo kan afaan siif hiiku gammachuu hin qabaanne akka namni afaan siif hiikujijjiiramu yokan bilbilaan akka siif tahuuf gaafachuuf mirga ni qabda.
- Kunuunsa kee ilaalchisee murtii taasisamu keessatti **hirmaachuu (participate)**. Murtii kennametti yoo hin gammadne hojjetaan fayyaa kan biroon akka yaada itti kennuuf gorsa gaafachuu dandeessa.
- **Dhoksa (Privacy)** fi hiccitii odeeffannoo dhuunfaa kee.
- Kunuunsa argattee fi yaaddoo kee ibsachuuf **yaada (comment)** itti kennachuuf. Garuu, yoo itti wal’aansa argattetti hin gammadne tahe komii dhiheessachuuf mirga ni qabda. Manni wal’aansaa hundi ‘Falmaa Dhukkubsatootaa’ (Patient Advocacy) yokan ‘Tajaajila Fayyadamtootaa’ (Consumer Services) si deggeru deggaru ni qabu.

Akkaataa wal'aansaa tarii qaama kee irratti dhiibbaa qabaatan


Yoo dhaqna qabamtee jirta tahe deggersa yaalii mana yaalaa gaarii tahe hanga danda'ametti argachuuf haala fayyaa fi tartiiba wal'aansaa beekuu qabda.

Qorannoo Qaama Saalaa (Pap Test)



Yoo qunnamtii saalaa gochaa turtee tahee waggaa lama laman qorannoo qaama saalaa (pap test) godhachuu si barbaachisa. Yoo dhaqna qabamtee jirta tahe tartiiba wal'aansaa kee dura haala isaa doktorri yokan nersiin akka beekan taasisi. Tartiibni wal'aansaa sitti toluu dhiisuu mala garuu ammo si hin dhukkubsu. Yoo si dhukkubsu tahe oggasuma doktorri yokan nersiin akka beekan taasisi.

Ulfa



Dhagna qabamuun yeroo tokko tokko ulfa, miixachuu fi dahiinsa irratti miidhaa waan qabuuf filannoowwanmucaa dahuuf jiranii fi yeroo dahumsaa deggersa siif taasisamuu qabu beekuuf dursii doktora kee waliin mariyadhu.

Qaama Saalaa kittaanname bakka duraatti deebisuu



Kittaannaan qaama saalaa bifa hodhuu yookiin dachaasutiin rawwatame bakkatti deebisuun ni danda'ama. Australia keessaa doktoronni fi nersotni bakkatti deebisa kana rawwachuun beekamtii qaban ni jiru. Kunis bakkatti deebisa ('Deinfibulation') jedhama. Odeeffannoo dabalataaf tajaajila kennitoota naannoo kee jiran (fuula 4 & 5) qunnami.

Tajaajila tumsaa Australia keessaatti kennaman

Kan yoo dhaqna qabamtee jirtatahee, guutummaa Australia keessa taajajila gargaarsaa siif barbaachisan siif kennuu kan danda'an tumsitootni ni jiru. Tajaajilootni kennamaniis;

- Tumsa tajaajila wal'aansaa kan qaama saalaa kee bakka duraanitti deebisuu Kunis kan barbaachisu yoo mucaa godhachuuf karoora qabda tahee yokan wal-qunnamtii saalaa yeroo yeroon raawwachuuf barbaadda yoo tahe.
- Gorsa-tokoo fi tokkoo Yoo yeroo hunda ni gaddita tahe gorsitoota yokan nama amantutti dubbachuun si gargaara.
- Lameenuu Gorsuu/Wal'aansa Saalaa (Sex Therapy) Ati fi abbaan warree kee hariiroo wal gidduudhaa qabdaniif yaaddoo yoo qabaattan lamaan keessanuu waliin gorsitoota arguu dandeessu.
- Odeeffannoo fayyaa saalaa fi hormaataa sirna qabeessa tahe argachuuf

Odeeffannoo saalaa fi hormaataa sirrii tahe doktora naannoo kee yokan dhabbatootadhiheeniyatti tajaajila kennan (fuulota 4 & 5) irraa argachuu dandeessa.

Dhaqna qabaan Dubartootaa Australia keessatti seeraan dhorkamaa dha.

Barmaatileen (practice) dhaqna qabu dubartootaa Australia keessatti seeraan dhorkamaa dha. Naannolee fi daangoleen hundi barmaatilee kana seeraan dhorkanii jiran. Kunis ijoollee dubraa biyya alaatti geessanii kittaansisuu (dhaqna qabsiisuu) kan dabaluu dha. Erga dubartootni mucaa dahaniin (dhalaniin) boodas qaama saalaa bakka duraan turetti deebisuun dhorkaa dha. Odeeffannoo dabalataaf www.fgminaustralia.com.au

Teessoo dhabbatoota tajaajila kennanii

Kan kanaa gadii kun dhaabbilee guutuu Australiakeessaatti tajaajila deggersaa sirrii tahe siif Kennan yokan dhabbatoota tajaajilaatti si qajeelchani dha. Afaan hiikaa yokan afaan deebisa ni barbaadda yoo tahe dhaabbatichi akka beeku godhchuu qabda.

Victoria

Multicultural Centre for Women's Health
Phone: +61 (03) 9418 0913

Banyule Community Health
Phone: +61 (03) 9450 2063

Darebin Council Youth Services
Phone: +61 (03) 8470 8001

Mercy Hospital for Women
Phone: +61 (03) 8458 4150

Cohealth-Collingwood
Phone: +61 (03) 9411 4333

Tasmania

Red Cross Hobart
Phone: +61 (03) 6235 60013

Royal Women's Hospital
Phone: +61 (03) 8345 3058

Women's Health in the North
Phone: +61 (03) 9484 1666

Women's Health in the West
Phone: +61 (03) 9689 9588

Monash Health - Dandenong
Phone: +61 (03) 9594 6666

Cohealth - Kensington
Phone: +61 (03) 8378 1642

Red Cross Launceston
Phone: +61 (03) 6326 0400

New South Wales

NSW Education Program on FGM
Phone: +61 (02) 9840 3910

Western Australia

Women and Newborn Health Service
Phone: +61 (08) 9340 1557

Queensland

Multicultural Women's Health
Phone: +61 (07) 3250 0250

A.C.T.

ACT Health
Phone: +61 (02) 6205 1078

South Australia

Migrant Health Service
Phone: +61 (08) 8237 3912

Northern Territory

Family Planning & Welfare
Phone: +61 (08) 8948 0144